***GODAANNISA KALEEF…; SODAA ISA BORUU!***

Miilla lamaan dhaabatanii,

bahanii galuu kana

Lubbuun jirtiidhaf qofa,

akkamiin jiraanne jenna?

Qe'ee dur dhabnee mitii,

kan guyyuu itti raajamnu

Jireenyuu shakkii ta'ee,

lubbuufuu wabii hin qabnu!

Har'a ni jirra jennee,

boruuf nagaa dhaammachaa

Barii jiruu hanqannee,

wal waamna daboo boo'ichaa!

Inni naga'aan oole,

halkan naga'aa hin bulu

Kan lubbuun manaa bahe,

deebi'ee lubbuun hin galu!

Tole jennees hin taane,

lakki jennees dhibeera

Akki nuti itti jirru,

akka isaan fedhan ta'eera!

Dubbiin horiif qabeenyaa,

kan lafaallee bubbulee

Ilmaaf intala hin dhabnee,

keenya maatiin ijoollee,

Haadha ijji imimmaanii,

garaan guyyuu raafamaa

Lubbuu ilmaan isheetiif, gaafattee dhabdeerti gumaa!

Abbaattis baasni bahee, boquu cabee taa'ee gadda

Akka leenca hidhaa galee, ganamaa galgala aada!

'Warri keenya bahanii

tasa karaatti hafanii',

Guyyumaani kan dhageenyu,

aaga dheebote gurri

'Nagaa oolle' 'nagaa bulleen'

erga dhibee lafti durii!

"Osoo tiksee qabaannee

tiksee gaarii qabaannee,…sareen hin nyaattu hoolaa

Osoo maree qabaannee,

maree lammii qabaannee,…roorroon nun baasu biyyaa!"

Jennee roorroo geerarre

Roorroo baraan hin dabarre!

Akka hin lolannes roorroo kana,

foolleen keenyas bittinee

"Hoooo!"…jennee takkaa kaanee,

takkaammoo deebinee qorrinee,

Wareega kuma kanfallee,

karaa qixxeedhaa deebina

Kufaatif caba lakkoofnee,

takka turreemmoo gaabbina!

Baruma darbaa dhufaa

Cinaan gamasii iyyee, cinaan gamasii rafaa

Tokkoof du’aa kaanif cidhaa, tokko ka’ee tokko kufaa

Harka namaatti gallee,

jiraannus jiruu hin qabnuu

Barumaan bartee godhannee,

maaliif kan lama dhabnuu??

Silaa karaadhaa hin deebinu,

hanga geenyutti lafa kaayyoo, ni deemna halkanii guyyaa

Barumaan boo’aa hafuurra,

Itti dhiignee galma geenyee, baranuma boo’uu wayyaa!

Silaa ani boo’ee ati hin sirbituu

Ani taa’ee ati hin kaatuu!

Karaa kee natti dhufa, karaakoo sittis dhufa

Ulaa nuti banneen, diinni nu gidduu gulufa!

Godaannisni kalees ragaadha,

Boruu keenyan sodaadha…!

Bakka rafneemmoo kaanee

wareegnee dhiigaaf lubbuu

Of duuba deebiin madaadha,

egeree fayyaa hin qabuu!

Osuma kaayyoof fiignuu

ceenee lafa walakkaa

Maqaa dibee arraba qaree,

namni keenya wal yakkaa!

Dubbii gola keessan quba funyaan wal keenyee

Gola bira dabarree yoom bakka yaadne geenyee?!...

Seenarraa waa dhaallee

Yoo tarkaanfanne malee,

Citaa mana keenyaa bitaa mirgaa luqqisaa

Gargar wal dhiibun kuni daranuu nu huqqisaa,

Akki keenya ka’anii taa’uu

yosuu ho’anii yosuu qabbanaa,

Bahanii karaa deebi’uun,

seenaafuu hin tolu itti gaabbinaa,

Cabaniis itti kufaniis,

fiixan baasudha malee

Tuttuqanii dhiisun kuni,

maqumaafuu hin tolle!

Godaannisa baay’ata qabsoon fiixa hin baane

Itti malatan malee dubbiin kun hin taane!

======//=======

Nimoonaa K. Raggaasaa